
GADAA TUULAMAA


Uummanni Oromoo Tuulamaa akkuma Uummata Oromoo biro jaarraa dheeraadhaaf Sirna Gadaatiin of bulchaa tureefi ammayyuu ittiin bulaa jirudha. Sirni ittiin bulmaataa kunis Sirna Gadaa jedhama. Sirni Gadaa kun abaluun, bara akkasii jalqabame jechuun kan nama rakkisu yoo ta'eeyyuu, Gadaan kan yeroo tokkottin hamma tokkoon hin eegalamne ta'uun isaa beekamaadha. Gadaan walduraa duubaan yaalii, muuxxannoo fi beekumsa hawaasichi uumamaan qabu waggoottan dheeraa walitti kuufamee, quuqee ija godhate jechuun ni danda'ama.

Haaluma kanaan Gadaan maal jechuu dha?

Kan jedhullee hima tokkoon kan ibsamu miti. Iccitii gadi fagoo kanaaf keessaa qabu; hundee Falaasama, Aadaa, Duudhaa, Siyaasaa fi Seenaa uummatichaa ti. Jechi Gadaa jedhuun waan hiika tokko qofaa qabumiti. Waa'ee Gadaa irratti hayyoonni hedduun waa hedduu barreessaniiru. Gabaabumatti Gadaan Sirnaittiin bulmaataa, Dimokiraasii fi Maqaa Gogeessaati. Akkasumas sadarkaa umurii, qoodaa fi itti gaafatama adda addaa itti qabaatanidha. Sadarkaaleen kunniinis Birmajjii, Beelbaa, Muudana,Duuloo fi Roobaleetti qoodamu. Sadarkaa Gadaa tokko keessa tuutni tokko bara saddeet tura.



Walumaagalatti Uummanni Oromoo Tuulamaa Godiina Shawaa Bahaa Aanaa Dugdaafi Booraa, Lixa Shawaafi Giddu Gala Shawaa keessatti argaman gosootni Tuulamaa Sadeen Daacci, Bachoofi Jiille jedhamuun beekamu.



Gosoonni sadeenuu kunniin Gadaa tokko miseensa Gadaa shan of jalatti kan qabaatu yemmuu ta'u, tokko tokkoon tuuta shananii waggaa saddeet saddeetitti karaa dimkirata'aa ta'een aangoo Sirna Gadaa kan waliif dabarsani dha. Sadarkaan tokko ammo sadarkaa biraatti osoo hin ce'in/ hindarbin/ dura Sirna raawwatamu qaba. Sirnichis Sirna Godaannaa jedhama. Kunis kan geggeeffamu tuutni Gadaa tokko Aangoo Sirna Gadaa fudhatee erga harkaan gahaatee booda waggaa ja'affaa isaatti kan kabajatu jechuudha. Kana jechuun ammo jalabultii waggaa Saddeettaffaa isaa jechuu dha.

Uummanni Oromoo Tuulamaa tuuta/miseensa Gadaa Birmajii waggoottan ja'an dura akka seera akaakilee isaani itti seera tumatanii sirnichaan geeggeeffamaa akka jiran hayyoonni Gadaani ibsu. Bulchaan tuuta kanaas Abbaa Gadaa jedhamuun beekama. Maqaan Abbaa Gadaa Bayyanaa Sanbatuu Roobiiyoo ta'u, gosti yookaan qomoon isaa Ada'aa 6'n Galaan keessaati. Tuutni Gadaa kun walharkaa fuudhinsa Baallii bar-saddiitii dura waggaa ja'affatti duraa duubaan wantoota raawwatanis ni qabu. Kunninis duuraa duubaan akka asiin gadiitti kan ibsaman ta'u.



ABBAA GADAA BAYYANAA SANBATUU

1.2.Godaansa Odaa Nabii

Gara Odaa Nabiitti godaanuu ilaalchisee Obbo Guddataa Tulluu Naga'oo akka ibsanitti, bor deemama jedhamee, Qophii adda addaa ni ta'a. Uffannaa Aadaa naannoo kanatti beekamu Uffachuun harkatti Abbootiin Gadaa Alangee Seeraa, Maanguddoonni immoo Ulee qalloofi warren Ulfaa qaban ulfaa isaanii qabatu. Akkasu masgalaa qoriifi chuukkoo Agilgiliitti qabatanii ulaa irratti Korma erga qalanii booda godaansa eegalu. Bakka itti godaanan guyyaa tokkotti gahamuu waan hin danda'amneef Odaa Amdee bulanii darbu.

Akka aadaa isaani itti cal-jedhamee bulamee darbama osoo hin taane duraa duubaan bakka bulmaataatti wantoota raawwatan qabu. Kunniinis akkuma Odaa Amdee gahaniin Marga kutanii itti irreeffatu. Itti aanee Korma qalu. Korma kan qalu shaman jiddaati. Akka seera isaani itti Odaa jala bulu osoo hin taanee,naannaasaa xiqqoo hiiqanii bulu.Sababni isaa Odaan safuu qaba.Ni kabajama jedhu. Yemmuu qubatanis warri miseensa Gadaa naannoo sana jiraatan warren godaanaa jiraniif Korma qalmaa, nyaataafi dhugaatii kan dhiheessan isaani dha.

Bariitusaa achii ka’anii Qilxuu Gachiitti Marga Irreeffatanii achuma bulu.Guyyaa itti aanu Malkaa Saddeeqaatti Irreeffatanii darbu. Gaafa guyyaa sadaffaa Odaa Nabii bakka tuuta Gadaa Shananii gahu.Bakka sana Odaa Nabiitti naanna’ee Odaawwan miseensotni Gadaa shanan magarfatanni argama.



ODAA NABII

Erga achi gahanii booda itti Irreeffatanii eebbifatanii bulu. Bariitu osoo waan tokko hin raawwatin namoota waan adda addaa irratti waldhaban walitti araarsu. Akka Seera Gadaa Tuulamaatti kan waldhabe osoo hin araaramin sirna tokkollee hin raawwatan.



YEMMUU ARAARAMAN

Araara booda guyyaa itti aanu Faajjii dhaabu. Faajjiin mallattoo Abbaa Gadaa halluu Gurraacha, Adiifi Diimaa qabu huccuu irraa hojjetame dha. Kan dhaabu ammo Abbaa Faajjiiti. Erga dhaabamee Birbirsa Foolleen Awaashi Malkaa biraa osoo biyyee irraa hin urgufin buqqisaniifi dancinaa dhaabuun faaruu Gabbi Sayyoo jedhamuun beekamu akkas jechuun

“Gabbi Sayyoo hoohoo,

Odaa Nabee dagla ciisee hee,

Karraafi Ilmoos itti dhiisee hee…” faarsu. Ergasii Korma qalu. Kormi qalamu kunis akka seera isaani itti kan raawwatu yoo ta’u, kunniinis jalqaba Abbaa Faajjiitu qala. Ittia anee Sadeen Kuraafi dhuma irratti shanan Jiddaatu qala. Kormi qalame immoo osoo hin bilcheessin foon qofaa isaa nyaatama.



FAAJJII Gadaa

Guyyaa gaafa godaansaaf ka'anii eebbifatanii erga Odaatti Irreeffatanii Shanan Jiddaa keessaa angafni Korma qaluun nyaatanii godaansaaf gara Caffee Tumaatti deemu.



YEMMUU GARA CAFFEE TUMAATTI GODAANAN